yeroo worra isa irraa waan wol fakkaate hordofu agarte isaani worri Rabbiin jedhe, isaan irraa of eeggadhaa

Aa'ishaa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- ni jette: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- aayatattii suuraa aala-imraan keessaa akkas jettu {inni isa sirratti kitaaba buuse isa irraa keeyyata ifaatu jira, isaan bu'uura kitaabaati, kan biraa immmoo wol fakkaattuudha, worri onnee isaanii keessa jallinni jiru fitnaa barbaachaa fi hiika isaa isa dhokataa barbaachaaf jecha isa wol fakkaataa hordofu, hiika isaa isa dhokataa Rabbiin malee homtuu hin beeku, worri beekumsa keessa fagaatan immoo "hunduu Rabbii keenya biraayyi itti amanne" jedhu, worra sammuu qabu malee namni biraa hin gorfamu} [suuraa aala-imraan: 7].
Aa'ishaanis akkas jette: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- itti fufuun akkas jedhani: «yeroo worra isa irraa waan wol fakkaate hordofu agarte isaani worri Rabbiin jedhe, isaan irraa of eeggadhaa».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- aayatattii akkas jettu: {{inni isa sirratti kitaaba buuse isa irraa keeyyata ifaatu jira, isaan bu'uura kitaabaati, kan biraa immmoo wol fakkaattuudha, worri onnee isaanii keessa jallinni jiru fitnaa barbaachaa fi hiika isaa isa dhokataa barbaachaaf jecha isa wol fakkaataa hordofu, hiika isaa isa dhokataa Rabbiin malee homtuu hin beeku, worri beekumsa keessa fagaatan immoo "hunduu Rabbii keenya biraayyi itti amanne" jedhu, worra sammuu qabu malee namni biraa hin gorfamu} kana qara'an, isii keessatti qur'aana nabiyyii irratti kan buuse isa ta'uu Rabbiin ol ta'e hime, isa irraa aayatoota ergaan isii ifa taatetu jira, murtoon isii beekamtuu wol fakkaatinsi isii keessa hin jirredha, isiitu bu'uura kitaabaa fi wobii isaati, bakka wol dhabbiitti isiitu wobiidha, isa irraa immoo aayattoota biroo hiikkaa tokkoo ol qabaachuu malantu jiru, hikkaan isii namoota gariitti wol fakkaata, yookaan immoo isiidhaaf aayata biroo gidduutti wol fallessuutu jira se'a, eegasii Rabbiin aayatoota kanneen wojjiin akkaataa namoonni ta'an ibse, worri qalbii isaanii keessa haqa irraa jallachuun jiru waan ifa ta'e dhiisanii, waan namatti wol fakkaatu qabatan, sanaan shakkii kakaasuu fi Namoota dogoggorsuuf barbaadu, akkasumas akka fedhii isaanii wajjiin walsimututti lsii hiikuu barbaadu, Warri beekumsaan jabaatan immoo waan wal fakkaataa ta'e kana beekanii, isa gara waan ifa ta'etti deebisu, inni Rabbii ol ta'e biraa akka ta'es ni amanu, shakkii uumu fi wal faallessuu hin danda'u, garuu warra sammuu fayaa qaban malee sanaan hin gorfamu. Ergasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haadha mu'umintootaa Aa'ishaan -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- akkana jedhani: yeroo warra waan wal fakkaate hordofan argite, isaani warri Rabbiin isaan worri Rabbiin akana jechuun isaan dubbatee: {Warri qalbii isaanii keessatti jallinni jiru} isaan irraa of eeggadhaa irraa hin dhaggeeffatinaa.